**Fandii Haqaa Naannoo Siyaatiliif (Seattle's Environmental Justice Fund) iyyadhaa**

Kaayyoolee haala qilleensaa Siyaatil galmaan ga'uuf hirmaannaan nama hundaa barbaachisa. Kanaafidha, Waajjirri Itti Fufiinsaa fi Naannoo Siyaatil (OSE) iyyanni Fandii Haqaa Naannoo (EJ) bara 2026 **amma banamuu isaa gammachuu guddaadhaan kan beeksise!** Inveestimentoonni akka Fandii Haqaa Naannoo (EJ Fund) kunniin, furmaatawwan hojii qilleensaa ariifachiisan kanneen hawaasa bu'uuraatiin jalqabamaniifi hawaasichaan durfaman deeggaruuf tarsiimoo Magaalaan Siyaatil qabatte keessaa isa tokkodha.

EJ Fund pirojektoota aantummaa afran armaan gadii keessaa tokko waliin walsimu ni deeggara: 1) hawaasa jijjiirama qilleensaatiin dafanii fi haalaan miidhaman keessatti dandeettii geggeessummaa ijaaruu, 2) furmaata haala qilleensaa ykn naannoo hawaasaan durfamu deeggaruun, 3) hojii haala qilleensaatiin walqabatee leenjii fi hubannoo uumuu kennuu, fi 4) fayyaa fi nageenya hawaasaa eeguuf dandamachuu ijaaruu.

EJ Fund pirojektoota Gurraacha, Dhalattoota biyyaa fi Hawaasa Halluu garagaraa qaban (BIPOC), godaantota, lammiilee biyya alaa, dargaggoota, maanguddoota, fi jiraattota galii xiqqaa qabaniin durfamu ykn isaan waliin shaarikummaa uuman irrati invast godha. Pirojektoota naannoo dursa kennaniif xiyyeeffannoon addaa ni kennama: Beacon Hill፣ Bitter Lake፣ Central Area፣ Chinatown-International District፣ Delridge፣ Georgetown፣ Haller Lake፣ Lake City፣ Mount Baker፣ Othello፣ Rainier Beach fi South Park.

Gosootni fi dhaabbileen gosaa, dhaabbileen gargaarsaa, akkasumas Gareewwan naannoo keessatti hojjatan fandii kanaaf iyyachuuf ulaaga ni guuttatu.Deeggarsa maallaqa kanaaf ulaagaa kan guutan dhaabbilee gosoota, dhaabbilee bu'aa malee hundeeffaman, akkasumas gareewwan hawaasaa fi ollaa dha. Hojiileen ulaagaa guutan kanneen armaan gadii of keessaa qaba:

- Furmaatolee jijjiirama qilleensaa madaqsuu fi dandamachuuf gargaaran
- Karoora hawaasaa fi mul'ata waliinii bocuu
- Beekumsa aadaa eeguun tursiisuu fi/yookiin barsiisuu
- Aartii fi seenaa himuu kan naannoo yookiin eegumsa haala qilleensaa irratti hojjetu
- Hubannoo kennuu haala naannoo ykn haala qilleensaa, hawaasa bira gahuu fi hojiiwwan hirmaannaa waliinii
- Sagantaawwan dameewwan ogummaa haala qilleensaatiin walqabatan irratti beekumsaa fi muuxannoo kennan
- Hojiiwwan humna dhaabbataa fi hawaasaa ijaaruu

Bara kana pirojektoonni ji'oota 22 keessatti xumuramuu kan danda'an yoo ta'u, February 2027 eegalamanii hanga November 2028tti xumuramuu qabu. **Filannoowwan maallaqaa gosa lama** ni jiru:

- Filannoo 1: Gargaarsa maallaqaa $60,000 hanga $80,000 gahuu
- Filannoo 2: Gargaarsa maallaqaa $80,001 hanga $120,000 gahuu

**Akkamittan iyyachuu danda'a?**
Tarkaanfii 1: Hanga July 14th galgala sa'aatii 5 PM tti iyyachuuf ulaagaa guutuu keessan mirkaneeffadhaa.

- **Hubachiisa:** Kun iyyata keessan guutuu galchuuf **haal-duree taa'ee** dha.
- Hojii kana akkuma xumurtaniin, *yoo kanaan dura gargaarsa maallaqaa iyyattanii kan hin beekne ta'e* gorsaa iyyata keessan akka xumurtan isin gargaaru isiniif ramadama.

Tarkaanfii 2: Iyyata keessan guutuu galchaa

**Nu waliin wal qunnamaa!**
Waa'ee gargaarsa mallaqaa caalaatti baruuf, karoora pirojektii irratti mari'achuu yookiin iyyata dhiyeessu yoo barbaaddan, malawwan armaan gadii keessaa tokko akka hordoftu isin jajjabeessina:

1. Sagantaa hubannoo uumuu varchuwaalii irratti hirmaadhaa:
   a. Roobii, Waxabajjii 10, 2026 sa'aatii 6 - 7:15 pm.
      i. Asitti galmaa'aa
   b. Kibxata, Waxabajjii 30, 2026, sa'aatii 12 hanga 1:15 pm.
      i. Asitti galmaa'aa

2. Hojjettoota EJ Fund waliin sa'aatii hojiirratti vaartuwaliidhaan hirmaadhaa:
   a. Roobii, Waxabajjii 17, sa'aatii 12-1pm
      i. Walgahii Zoom dhaan hirmaadhaa
   b. Roobii, Adoolessa 8 sa'aatii 12-1 pm
      i. Walgahii Zoom dhaan hirmaadhaa

3. Gaaffii kamiyyuu equityenviro@seattle.gov irratti iimeelii nuuf ergaa

Tajaajila hiikaa afaanii ykn deeggarsa addaa sagantaawwan odeeffannoo fi sa'aatii hojiitiif gaafachuuf, maaloo sagantaa irratti hirmaachuuf karoorfattan dura yoo xiqqaate guyyoota hojii 3 dura equityenviro@seattle.gov irratti iimeelii ergaa.